*Bareesaan: Steve Nelson*
*Waldaa Oromo Adventistii*
*Minisootaan Hiikame*

Oromo Seventh-day
Adventist Church of Minnesota
P.O. Box 6225
E-mail: osdacmn2001@aol.com
http://oromo22.adventistchurchconnect.org



# DHIIFAMA

**DUBBISA**

**WANGEELA KEESSAA**

# DHIIFAMA

## Kutaa Kakuu Moofaa Keessaa

Lubichi immoo waa'ee isa namichi fuula koo duratti hojjetee ittiin yakke sana hundumaaf isaaf haa araarsu! Namichaafis cubbuun isaa ni dhiifam. Seera Lewwoot-aa 6: 7 (Anaaf siif dhiifamuu cubbuu argachuudhaaf namni tokko aarsaa ta'uu qaba ture. Gatiin aarsaa sanaa immoo Gooftaa keenya Yesuus Kristoos isa fannoo irratti du'ee)

Sabni koo warri dhuunfaa koo ta'an kun gad of deebisanii ana barbaaddatanii, karaa isaanii isa hamaa irraa deebi'anii, yoo na kadhatan, ani waaqa irraa isaan-iif nan dhaga'a, cubbuu isaanii isaaniif nan dhiisa, biy-ya isaaniis nan fayyisa. Seenaa Baraa Isa lammaffa 7:14 ( Dhiifama argachudhaaf nuti Waaqayyoon duratti dhugaa fi garaa cabaadhaan dhiyaachu qabna, dhiifama dhugaadhaan karaa cubbuu irraa deebi'udhaan. Yeroo kana goonu araara ni arganna.)

Namni irra-daddarbaan isaa dhiifameef, Cubbuun isaas deeb'iee akka hin argamne godhameef haa gammadu! Macaafa Faarfanna 32:1 (Nuti eebba dhugaa kan argannu yeroo Waaqayyo dhiifama cubbuu nuu godhee qajeelummaa isaan nu gol-gudha (nu golge qofaadha)

Yaa goofta, ati gaarii dha, jaalala keetiinis namaaf cub-buu isaa ni dhiifta, warra si waammatan hundumaafis gaarummaan kee ni baay'ata.Macaafa Faarfanna 86: 5 (Lubbuun kee yakkaa fi firdiin baay'ee dhiphattee jirtii? Gooftaan Yesuus Kirstoosiin dhiifama cubbuu gaafadhu, innis garaa kee ni qul-qulleessa nama guutuus si godha)

Nuyi illee Waaqayyo gooftaa keenya irratti kaaneerra, oo'ii fi dhiifamuun garuu isa biraa ni argama. Macaafa Daani'el Raajichaa 9:9 (Yeroo nuti Waaqayyo irraa fagaanee cubbuu guddaa dalagnu, akka nuti gara isaatti deebinee dhiifamaa fi fayyina argannuuf isatu nu barbaade.)

**Kutaa Kakuu Haaraa Keessaa**

Namootaaf irra-daddarbaa isaanii yoo dhiiftaniif, abbaan keessan inni waaqa irraa immoo isiniif ni dhiisa.Garuu isin namootaaf yoo dhiisuufii baattan, abbaan keessan immoo irra-daddarbaa keessan isiniif hin dhiisu.Wangeela Maatewos 6:14-15 (Waaqayyo akka nuuf dhiise namoota biraatiif akka dhiifnu nu irraa barbaada)

Ani isinittan hima, cubbuun kami illee arrabsoonis namootaaf ni dhiifama; arrabsoon hafuura qulqulluu irratti ta'u garuu hin dhiifamu.Wangeela Maatewos 12: 31( Yeroo har'a sagalee isaa fi waamicha isaa dhageessu garaa kee hin jabeessin, yeroon ammamii akka siif hafe hin beektu-utii maaloo/yabo booddeetti hin hafiin.)

Ergasii Phexros gara Yesuusitti dhi'aatee, "Gooftaa, obboleessi koo si'a meeqa yoo na yakke dhiisuuf? Hamma si'a torbaattii?" jedheen. Wangeela Maate-wos 18: 21 (Ayyaanni Waaqayyoo nuuf murta'aa erga hin taanee, attamitti namoota birootiif dhiifama gochuu dadhabna? )

Utuma ilaalanii akka hin argineef, utuma dhaga'aniis akka hin hubanneef, gara Waaqayyootti akka hin deebineef, cubbuun isaaniis akka isaaniif hin dhii-famneef, fakkeenyaan ni kennama isaaniin jedhe. Wangeela Maarqos 4: 12 (Warri onnee isaanii Waaqayyootti jabeessan isa irraa dhiifama argachuuf fedha hin qaban. Warri onnee isaanii ajbeessan dhiifama , ayyaanaa fi fayyina argachuu hin danda'an.)

Isin yoo dhiisuu dhaabaattan garuu abbaan keessan inni waaqa irraas yakka keessan isiniif hin dhiisu. Marqos 11: 21

(Dhiifama ni barbaaddaa? Atis warra si miidhaniif dhiisuu qabda.Kana jechuun warri balleessan gatii hin baasan jechuu miti.Dhuma irratti Waaqayyo warra si miidhan adabuuf jira jechuu dha.)

Cubbuu keenyas nuuf dhiisi, nus immoo warra nu yakkan hundumaaf ni dhiifna; (qoramattis nu hin galchin, [hamaa nu oolchi malee] jedhaa!" jedhee isaan barsiise.) Luqaas 11:4 (Hundi keenya dhiifama Waaqayyoo feena, Hafuura dhiifamaas qabaachuu nu barbaachi-sa.)

Ofii keessanii of eeggadhaa; obboleessi kee yoo si yakke, jabeessii isa gorsi, inni yoo yaada garaa isaa geddarate dhiisiif Luqaas 17: 3 (Nama ofitti simmaate sana ni jaalatta yoo ta'e, jaalalaa fi onneen itti dhiiyaadhuutii (kan isaan yakkan waaqayyoon ta'uu isaanii hu-bachiisi). Waaqayyotti isaan araarsuuf yaali.)

…"Yaa abbaa, waan godhan hin beekanii isaaniif dhiisi!" Luqaas 23: 34 (Osoo akka Yesuus ta'uu yaallee)

Sababa dhangala'uu dhiiga isaan furamuu, dhii-famuu cubbuus arganneerra. Qolosaayis 1: 14 (Fayyisaa keenna Yesuusiin , furamuu, dhiifamaa fi araara ar-ganne)

Kadhanni amantiidhaan godhamu kun, isa dhuk-kubsataa ni fayyisa; gooftaan isa ni kaasa, cubbuu hojjeteera yoo ta'es ni dhiisaaf Yaaqoob 5: 15 (Waaqayyo kadhata nama amanamaa tokko amantii nama biroof kadhatu akka dhaga'u abdachiiseera)

Cubbuu keenya yoo isatti himanne, inni ama-namaa fi qajeelaa waan ta'eef, cubbuu keenya nuuf hin dhiisa, jal'ina keenya hundumaattiis nu qulleessa. Ergaa Yohannis Erge isa duraa 1: 9. (Waaqayyo isa nuuf dhiisuuf, nu qulqulleessuu fi gara fakkii isaatti nu gedaru waadaa isa nuuf galeef galanni haa ta'u.)